Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

DEVELOPMENTAL DISABILITIES ADMINISTRATION (DDA)

Hubachiisa Dhuma Guyyaa Seera Qabeessummaa Umurii Waggaa Afurii (4)

GUYYAA:

MAQAA FI TEESSOO MAAMILAA

MAQAA FI TEESSOO BAKKA BU'AA

RE: **HUBACHIISA DHUMA GUYYAA SEERA QABEESSUMMAA UMURII WAGGAA AFURII (4)**

Daa'imni kee yeroo ammaa, Developmental Disabilities Administration (DDA) (Bulchiinsa Hir'ina Guddinaa) wajjiin maamila. Seera qabeessummaan daa'imni kee DDA wajjiin qabu gaafa guyyaa dhaloota afraffaa isaa/ishee dhuma. Daa'imni kee DDAdhaf seera qabeessa ta'ee akka turuuf, osoo daa'imni kee umurii waggaa afur hin guutin irra deebin iyyachuu qabda. Daa'imni kee seera qabeessa ta'uun isaa haalawwan armaan gadii kanneen keessa tokko jalatti irra deebin murtaa'u qaba. Hir'ina Qaroominaa sammuu, Dhibee Maashaa Miidhama Sammuun dhufuu, Gaggabduu, Ootizimii, Sirna Narvii Biroo yookan Haala Biraa Hir'ina Qaroominaan walfakkaatu.

Murtee keeddeebii kanaaf waan barbaachisu si beeksisuuf, Gabatee Galmeewwan Barbaadamanii itti qabsiifnerra.

Akkamittan irra deebi'ee iyyadha?

Tajaajilawwan iyyata irra deebii gaafachuuf, yoo xiqqaate guyyaa 90 guyya dhaloota afraffaa daa'ima keetii dursii Galmee DDA & hojjettoota Ulaagaa dubbisi. Kana barreeffaman yookan bilbila armaan gaditti eerame irratti bilbiluun gochuu dandeessa. Qarqabni iyyataa siif ni ergama. Galmeewwan iyyataa sarara irraanis https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility. daawwachun argachuu malta.

Maal yoon irra deebi'ee hin iyyanne?

Yoo qarqaba iyyata irra deebii hin gaafanne yookan yoo iyyata xiqqaannan guyyaa 60 guyyaa dhaloota daa'ima keetii duursitee hin deebisne, seera qabeessummaan DDA wajjiin qabu gaafa guyyaa dhaloota umurii afraffaa isaa/ishee ni xumuura. Yoo daa'imni kee tajaajila kaffaltii DDA irraa fudhata ta'e, tajaajilli kuni gaafa guyyaa dhaloota afraffaa isaa/ishee ni dhuma.

Xumuurun seera qabeessummaan DDA hirmaanna sagantaa Barumsa Addaa yookan seera qabeessummaa SSI hin miidhu. Tajaajila DSHS biraa fudhachuu maltu kan akka Medicaid, TANF yookan chaappawwan nyaata illee hin miidhu.

Maaloo amma dandeessetti dafii deebii kenni, garuu xiqqaannan guyyaa 90 guyyaa dhaloota afraffaa daa'ima keetii dura ta'uu qaba. Yoo deebii sirraa dhagahuu baanne, akka waan ati daa'imni kee DDA wajjiin seera qabeessa ta'ee fufu hin barbaannetti ni tilmaamna. Galmeewwan fudhatama qabaniin ala, umurii waggaa afuritti seera qabeessummaan daa'imni kee DDA wajiin qabuu fi tajaajilli DDA gaafa guyyaa dhaloota (4ffaa) isaa/ishee ni dhuma.

Yoo gaaffilee ykn qarqaba gaafachuu feete, maaloo dubbisi

MAQAA	LAKKOOFSA BILBILAA	TEESSOO IIMEELII

Garagalchi seera mootummaa seera qabeessummaa bulchu gaaffii dhiheessinaan ni kennama ykn sarara irraan, https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility. irratti argama.

Garagalcha: Faayilii maamilaa

Gabateee Ragaa Barbaadamuu

HAALA HIR'INAA QAAMAA	UMURII	QORANNAA YAALAA	QORATAA YAALAA	GALMEEWWAN BIROO
Turiinsa Guddinaa	Umurii 4 hanga 9	Turiinsa Guddinaa	Qorannoo ykn madaallii guddinaa hoogganuuf ogeessa ga'umsa qabu	Umurii waggaa 4 hanga 9 – qorannoo ji'oota 12 darban kessatti godhame irratti hundaa'ee, turiinsa sadi ykn isaa olii 1.5 standard deviations giddu-gala ykn 25% umurii tartiibaa.
Hir'ina Qaroomina Sammuu	Umurii 4 fi isaa olii	Hir'ina Qaroomina Sammuu	Saayikiloojistii eeyyama qabu, Washington Certified School Psychologist ykn psychologist (saaykiloojistii) mana barumsa biraa National Assoc.of School psychologist eeyyamame.	Gabaasa xiinsammuu guutuu qabxii IQ Madaala Guutuu standard deviations giddu-gala gadi lama caalu fi qabxii ogummaa damdamachuu standard deviations giddu-galeessaa gadi lama caaalu kan ji'oota 36 darban keessatti xumuurame dabalatee.
Cerebral Palsy (Dhibee Maashaalee Miidhama Sammuun dhufu)	Umurii 4 fi isaa olii	Cerebral Palsy (Dhibee Maashaalee Miidhama Sammuun dhufu) Quadriplegia (Ajajamuu diduu qaama mormaa gadii) Hemiplegia (Gartokkee qaamaa sochoosuu dadhabuu) Diplegia (ajajamuu diduu qaama bitaa fi mirgaa)	Ogeessa fayyaa Eeyyamamaa	Jaqaba umurii waggaa sadi (3) duraa fi odeeffannoo barbaachisummaa gargaaraa qaamaa kallattii guyyaa guyyaanii iddoowwan lama yookan isaa olii deeggaru (fincaan fincoofsisuu, qaama dhiqannaa, nyaachuu, uffachuu, deemuu, ykn dubbachuu).
Gaggabduu	Umurii waggaa 4 fi isaa olii	Gaggabduu ykn dhibee hatattamaa	Board Certified Neurologist (Ogeessa dhibee sammuu Boordiidhan eeyyamame)	Qorannoo yaalaa seenaa yaala fayyaa fi yaalii sirna narvii irratti hundaa'e, gaggabduu hin too'atamnee fi itti fufu ykn dhibee hatattamaan deddeebi'u, akkasumas yaalii dandeettiwwan damdamachuu raawwiin dandeettii damdamachuu sirritti xiqqaa ta'uu agarsiisu kan standard deviations giddu-galeessaa gadi ta'e lama caalu.
Ootizimii (akkaataa DSM-IV-TR)	Umurii waggaa 4 fi isaa olii	Ootizimii ykn dhibee ootizimii Akkaataa 299.00 DSM-IV-TR keessaa	Ogeessa fayyaa Eeyyamamaa, Ogeessa Fayyaa Eeyyamamaa ykn arnp giddu-gala ootizimii wajjiin walqabatu, giddu-gala guddinaa, ykn giddu-gala barumsaa, ykn a Board Certified (kan boordiidhan eeyyamame): Ogeessa Sirna Narvii, Ogeessa Dhibee Sammuu, ykn Ogeessa Dhibee Guddina fi Amala Daa'immanii	Qorannoo guutuu akkaataa DSM-IV-TR ulaagaalee qorannoo, ragaa turiinsaa ykn hawaasa, afaan, dandeettiwwan haasawaa ykn mallattoo ykn tapha yaadaaa keessatti raawwii fayyummaa hin qabne umurii sadi (3) dura, akkasumas rorannoo dandeettiwwan damdamachuu sirritti xiqqaa ta'uu agarsiisu kan standard deviations giddu-galeessaa gadi ta'e lama caalu hunda gu utu.
Autism Spectrum Disorder (Dhibee Ootizimii Ispeektiram) (akkaataa DSM-5)	Umurii waggaa 4 fi isaa olii	Autism Spectrum Disorder 299.00 (Dhibee Ootizimii Ispeektiram 299.00) Akkaataa DSM-5 sadarkaawwan rakkinaa 2 ykn 3 tarjaa lamaan keessatti.	Ogeessa fayyaa Eeyyamamaa, Ogeessa Fayyaa Eeyyamamaa ykn arnp giddu-gala ootizimii wajjiin walqabatu, giddu-gala guddinaa, ykn giddu-gala barumsaa, ykn a Board Certified (kan boordiidhan eeyyamame): Ogeessa Sirna Narvii, Ogeessa Dhibee Sammuu, ykn Ogeessa Dhibee Guddina fi Amala Daa'immanii	Qorannoo guutuu akkaataa DSM-IV-TR ulaagaalee qorannoo, ragaa turiinsaa ykn raawwii fayyummaa hin qabne umurii sadi (3) duraa sadarkaa ciminaa lama ykn sadi madaala sadarkaa ciminaa tarjaa lamaanu keessatti, qrorannoo dandeettiwwan damdamachuu sirritti xiqqaa ta'uu agarsiisu kan standard deviations giddu-galeessaa gadi ta'e lama caalu, akkasumas FSIQ standard deviation tokkoo ykn caalaa giddu-galeessaa gadii – ykn – ulaagaalee Dhibee Ootizimii 299.00 akkaataa DSM-IV hunda guutu.

HAALA HIR'INAA QAAMAA	UMURII	QORANNAA YAALAA	QORATAA YAALAA	GALMEEWWAN BIROO
Sirna Narvii Biroo yookan Haala Biraa Hir'ina Qaroomina sammuun walfakkaatu	Umurii 4 fi isaa olii	Dhibeen Sirna narvii ykn Kiromosoomii hir'ina dandeettiwwan qaroomina sammuu fi damdamachuu geessisuun beekamu.	Ogeessa Fayyaa Eeyyamamaa	Qabxii IQ Madaala Guutuu standard deviations 1.5 giddu-galeessaa gadi ta'e lama caalu, fi yaalii dandeettiwwan damdamachuu raawwiin dandeettii damdamachuu sirritti xiqqaa ta'uu agarsiisu kan standard deviations giddu-galeessaa gadi ta'e lama caalu kan ji'oota 36 darban keessatti xumuurame.
Hubachiisa:	**Unkaan kuni qajeelfama waliigalaa qofa waan ta'eef, DDA'n odeeffannoo ykn qorannoo dabalataa gaafachuu mala. Ragaan kuni seera qabeessummaa murteessuu keessatti tarkaanfii isa tokkoffaadha. Seera qabeessummaan DDA akkaataa WAC Boqonnaa 388-823tti murtaa'a.**			